# Wantoota diin Rabbiitirratti Tasgabbiif nama fayyadan

شركاء التنفيذ:

دار الإسلام　جمعية الربوة　رواد الترجمة　المحتوى الإسلامي

يتاح طباعة هذا الإصدار ونشره بأي وسيلة مع الالتزام بالإشارة إلى المصدر وعدم التغيير في النص.

Telephone: +966114454900
ceo@rabwah.sa
P.O.BOX: 29465
RIYADH: 11557
www.islamhouse.com

Maqaa Rabbii rahmata godhaa mararfataa taheetiin.

Wantoota diin Rabbiitirratti Tasgabbiif nama fayyadan

Duree

Galanni Rabbiif haa galu, Isuma galatoonfanna, Isumaan gargaarsifanna, Isuma araarfanna.

Hamtuuwwan lubbuu teenyarraa Rabbitti maganfanna , akkasuma badiiwwan hojiilee keenyarraa.

Namni Rabbiin isa qajeelche jallisaan isaaf hin jiru, ka inni jallis ammoo qajeelchaan isaaf hin jiru.

Haqaan gabbaramaan Allah malee akka hin jirre ragaa nin baha, Inni tokkicha waahelli isaaf hintaane, Muhammad gabrichaafii ergamaa Isaa tahus ragaa nin baha.

Itti aansuudhaan:

Diin Rabbii (Islaamummarra) gadi dhaabbachuun muslima hundaaf barbaachisaa bu'uraati. Muslima dhugaa kan karaa haqaa diriirarraa murannoon qajeelee deemuu fedhu hundaaf.

Barbaachisummaan qabxii kanaa ammoo akka itti aanu kanatti ibsama.

Akkaataa hawaasa amma jiru kan muslimni keessatti jiraatuu, gosa hedduu jalliftuufii badii kajeelchiftuu ibidda

isiitiin gubamaa jiran, akaakuulee fedhii lubbuutiifii fakkaattuu tan sababaa isiitiin diin keessummaa itti tahe,

Warri diin kana qabatan fakkii dinqisiisaa argatan - Namni Amantii isaa qabate akka nama barbadaa ibiddaa qabateeti.

Nama hubannoo qabu hunda biratti beekamaadha,waqtiin ammaa yeroo dabre(kan salaafaa) caalaa kana Muslimni diinirratti gadi dhaabbachuudhatti haajamuu dha .Carraaqqiin isa mirkaneeffachuuf godhamulleen irra guddaa dha, Waan zamanni hammaateef jecha, ammas Waan obboleessi dhugaa takkateef jecha, akkasumas Waan gargaaraan laafeef jecha, fi tumsaan xiqqaateef jecha.

Bay'inni nama kafaruu fi diinirraa uf duuba deebi'uu heddummaattee jira, Amantirraa mulqamuunis baay'ate,hanga warreen Islaamaaf hojjatan kessas geettee jirti, kuni waan Muslima hunda sodaachisuu dha. Akka carraan hamaan akkasii isa hin mudanne. Qarqara nagaayaatti cehuudhaaf waan diinirratti gadi isa jajjabeessu barbaadachuuf isa dirqisiisa.

Mata dureen kuni onneen wal-qabataa tahuun isaa akka itti yaadamu isa taasisa. Nabiyyiin (S.A.W.) wayee qalbii keessatti akkana jedhe:

**Onnee ilmaan namaa garagaggaluu keessatti okkotee danfiterra irra jabduu dha.**

Ahmadtu odeesse 4/6 ammas Al-haakim 2/289 akkasuma tartiiba sahiihaa 1772.

Ergamaan (S.A.W.) qalbiif fakkii biroo godhee akkana jedhe:

**Qalbiin wanni qalbii jedhamee moggaafameef garagaggaluu isaatiifi, fakkiin qalbii akka fakkii baalliiti tan hundee mukaatti rarraafamte tan qilleensi duuydaaf garaa isii garagaggalchu.**

Ahmadtu odeesse 4/408 ammas sahiihul jaami'i keessa jira 2236

Hadiisa booda walaleeysaanis akkana jedhe:

Nama yookiin 'Insaan' jechuun irraanfataa dha Qalbii jechuun garaggaggaltuu dha.

Qalbiin tuni qilleensa fedhii lubbuutiinii fii fakkaatteettiin hurgufamtu tana gadi dhaabuun dubbii ulfaattuudha, tooftaa jabduu ciminna qabxii tanaan wal-madaalu tahuu barbaachisa.

## Karaalee Tasgabbii (gadi-dhaabbatiinsaa)

Rahmata Rabbii ol-taheetirraa wantoota diinirratti gadi nama jajjabeessu nuu ibsee jira, Qur'aana Isaa keessatti fii arraba Nabiyyicha isaarratti. Karaalee gadi jabeessituu hedduu dha. Dubbistoota keenya kabajamoo akka itti aanu kanatti isinii dhiheessina:

## Tokkoffaa: Qur'aanatti fuula deebiuu:

Qur'aanni kabajamaan waantoota diinirratti gadi nama jajjabeessan keessaa kan hangafaati, Inni haada Rabbii jabaataa dha, Ifaa mul'isaadha, nama isa qabate Rabbiin ni tiksa, nama isa hordofe Rabbiin nagaya baasa, namni isatti nama gorse daandii diriirratti qajeelfame.

Qur'aanni kuni sababaa wanni adda babaafamee qabxii qabxiin buufameef diinirratti gadi nama jajjabeessuf tahuu Rabbiin ibsee jira.

Ollola kaafiraarratti yeroo deebii godhu Rabbiin akkana jedhe:

﴿وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لَوۡلَا نُزِّلَ عَلَيۡهِ ٱلۡقُرۡءَانُ جُمۡلَةٗ وَٰحِدَةٗۚ كَذَٰلِكَ لِنُثَبِّتَ بِهِۦ فُؤَادَكَۖ
وَرَتَّلۡنَٰهُ تَرۡتِيلٗا ٣٢ وَلَا يَأۡتُونَكَ بِمَثَلٍ إِلَّا جِئۡنَٰكَ بِٱلۡحَقِّ وَأَحۡسَنَ تَفۡسِيرًا ٣٣﴾ [الفرقان:
33-32]

Warreen kafaran ni jedhan-Qur'aanni kuni maaliif dimshaashumatti bakka takkatti isarratti gadi buufamuu dhabe? akkanatti qalbii tee isaan gadi jajjabeessuuf (adda babaafnee) sirratti buusiinsa buufne.

Makmaaksaan sitti hin dhufan nutis haqaafii hiikkaa babbareedaan sitti dhufnu malee hin hafnu.

Alfurqaan 32-33

Maaliif quraanni burqaa sabaataa (jajjabaatiinsaa) tahe??

Qur'aanni waan Iimaana qalbii keessatti itichuufi akkasuma Rabbiin walitti hariiressuun lubbuu qulqulleessuufi.

Aayatoonni tunniin onnee Mu'minaa irratti qabbanaafii nagaan buufamti, san booda mu'minticha qilleensi balaa isa hin hafarsitu,onneen isaatis faaruu Rabbiitiin gadi dhaabbatti.

Qur'aanni kuni haala qaariifii hubannoo sirriiti muslimaaf gumaacha, ka isiidhaan madaalee dhimma naannoo isaa sirreessuu dandau.

Akkasuma madaallii dhimmotarrattiin murteessu isa hubachiisa, murtiin isaa hin rooraatu, jijjiirama namootaatiifii haalaatiif jecha jechi isaa wal hin faallessitu.

Qur'aanni kuni olola aduwwiin Islaamaa kaafiraa fi munaafiqa irraa tahan hafarsaniif deebisaa gayaa kenna, akkuma fakki hangafoonni duraa irra dabranitti.

Fakkeenyonni kuni:

Mee maali faanti jecha Rabbii ol tahee:

﴿مَا وَدَّعَكَ رَبُّكَ وَمَا قَلَىٰ ۝٣﴾ [الضحى: 3]

Rabbiin kee si hin dhiisne, sin jibbines.

Adduhaa 3/

Lubbuu Ergamaa Rabbiirratti Nagayaaf Rahmanni Rabbii irratti haa bu'uu.

Yeroo mushrikoonni (muhammad dhiifame) jedhan.

Sahiiha Muslim sharhii Nawaawiitiin wajji laali 12/156

Mee faanti jecha Rabbii ol tahee maali:

﴿وَلَقَدْ نَعْلَمُ أَنَّهُمْ يَقُولُونَ إِنَّمَا يُعَلِّمُهُۥ بَشَرٌۗ لِّسَانُ ٱلَّذِى يُلْحِدُونَ إِلَيْهِ أَعْجَمِىٌّ وَهَٰذَا لِسَانٌ عَرَبِىٌّ مُّبِينٌ ١٠٣﴾ [النحل: 103]

Afaan isaan kijiba itti micciiran suni ajamiidha Kuni (Qur'aanni) ammoo Arabii callaa dha.

An Nahl 103/

Yeroo kuffaarri qureyshii Muhammadiin namaatu Qur'aana isa barsiisa, namnticha 'najjaarru rruumii' jedhamu kan makka keessa jirurraa barata jedhan (Rabbiin deebisaa olitti himame san irraa deebise).

Mee faanti jecha Rabbii maal taha:

﴿... وَلَا تَفْتِنِّىٓۚ أَلَا فِى ٱلْفِتْنَةِ سَقَطُوا۟ۗ ...﴾ [التوبة: 49]

Dhagayaa rakkoo keessatti kufan

At Towbaa 49/

Yeroo munaafiqoonni lubbuu muimintootaa keessatti jedhan:

**Naaf heyyami na hin rakkisinii?**

Cimiinsarratti cimiinsaa mitii ree, qalbii mu'minarratti hidhuu mitii, olola ittisuu miti,warra dharaa afaan qabachiisuu mitii ree?

Ee akkasi Rabbii kiyyatti kakadhee

Waan nama dinqisiisurraa Rabbiin mu'umintoota yeroo isaan hudeybiyyarraa deebi'an boojuu hedduu akka fudhachuuf jiraatan waadaa isaaniif seenee jira, sunis boojuu kheeybari.

Akkasuma akka isaanii jarjarsiisuu fi akka isaanummaan qofti fudhatan ibse.

Munaafiqoonni ammoo akka isaan jala deemanii boojuu wajji qoodachuu isaan kadhatan hime.

Muslimtoonni ammoo nu jala hin deeminaa jedhaaniin jedhe.

Isaan ammoo sisaniituma jecha Rabbii jijjiiruu barbaadan.

Isaan muimintootaan lakkii isin nu waanyitanii jedhaniin, Rabbiin deebisaa itti kennee akkana jedheen:

**bar homaa hin hubatan waa xiqqoo malee.**

Eegasii kuni hundii sadarkaa sadarkaan fuuldura mu'mintootaatti argame, tarkaanfii tarkaanfiin jecha jechaan.

Asirraaa garaa garummaa namoota Qur'aana Rabbii qabatanii fii kan jechoota namaatiin oolanii bulanii beekuun ni dandayama. warreen jiruu isaanii Qur'aanatti hidhan,kan Isatti fuula deebi'anii qabatan qaraatiin, hifziin, tafsiira hiikuun, xiinxalluun. Isumarraa bobba'anii Isumatti galan garaagarummaa jidduu isaan kanaatii fi jidduu isaanoowwan oduu namaa yaaddoo isaanii kan walii galaa fii hojii godhatan beekuun ni dandayama.

Ee badee osoo warri barnoota baratan Qur'aana fi tafsiira isaa bu'ura barnoota isaanii godhatanii.

## Lamaffaa: Seera Rabbii qabachuu fi Hojii gaarii hojjachuu

Rabbiin ol tahe ni jedhe:

﴿يُثَبِّتُ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِٱلۡقَوۡلِ ٱلثَّابِتِ فِي ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا وَفِي ٱلۡأٓخِرَةِۖ وَيُضِلُّ ٱللَّهُ ٱلظَّٰلِمِينَۚ وَيَفۡعَلُ ٱللَّهُ مَا يَشَآءُ ٢٧﴾ [إبراهيم: 27]

Rabbiin warra amanan jecha haqaarratti Adduniyaa fi Aakhirattillee isaan tasgabbeessa (cimsa), roorriftoota Rabbiin isaan jallisa, Rabbiin waan fedhe hojjata.

Ibraahiim /27

Qataadaan akkana jedhe:

**Jiruu duniyaatti kheyriifii hojii gaggaaritti isaan sabachiisa, aakhiratti jechuun ammoo qabritti jechuu dha jedhe.**

Hikkaa kana fakkatu ammas salafarraa nama hedduutu dubbate

Tafsiira Qur'aana kabajamaa kan ibnu kasiir 3/421

Rabbiin ol tahe akkana jedhe:

﴿وَلَوۡ أَنَّا كَتَبۡنَا عَلَيۡهِمۡ أَنِ ٱقۡتُلُوٓاْ أَنفُسَكُمۡ أَوِ ٱخۡرُجُواْ مِن دِيَٰرِكُم مَّا فَعَلُوهُ إِلَّا قَلِيلٞ مِّنۡهُمۡۖ وَلَوۡ أَنَّهُمۡ فَعَلُواْ مَا يُوعَظُونَ بِهِۦ لَكَانَ خَيۡرٗا لَّهُمۡ وَأَشَدَّ تَثۡبِيتٗا٦٦﴾ [النساء: 66]

Osoo isaan waan ittiin gorfaman kana hojjatanii silaa gaarii isaaniif taha jajjabeessee isaan cimsasi.

An-Nisaa' /66

Haqarratti isaan cimsa jechuudha.

Kuni ifa bahaa beekamaadha, yeroo balaan dhamaaftuun buute sabaannii hifattootaa fi wareen hojii kheyriirraa cem'an (dhibaawanirraa) ni argama jedhamee ni eeggamaa?!

Ammoo jarri amananii garii hojjatanii limaana isaaniitiin Rabbiin karaa qajeelaarratti isaan qajeelcha.

Kanaaf jecha Nabiin S.A.W hojii toltUU irratti obsee jajjabaata, irra jaalatamaan dalagaadhaa Isa biratti osoo xiqqaattellee tan itti fufanii hojjatani.

Sahaabonni Isaatis hojii takkka yeroo jalqaban itti fufan. Aaishaan R.A hojii takka yeroo hojjatte itti fufti.

Ergamaan Rabbii nagayaaf rahmanni Rabbii Isarratti haa bu'uu akkana jedhaa ture:

**Namni raka'aa kudha lamarratti obsee itti fufe Jannanni isaaf mirkanooyte.**

Sunana tirmizii2/273 hadiisa hasani yookaa sahiih jedhe.

Inni sahiiha Nasaa'ii 1/388 sahiiha Tirmizii1/131 keessa jira.

Sunnaalee rawaatibaa (salaata dirqamaa dura yookiin boodan salaatamu) jechuu dha.

Akkasuma Hadiisal Qudsiin keessatti:

**Gabrichi kiyya sunnaawwanii natti dhihaachuurraa hin deemu hangan isa jaaladhutti**

Bukhaariitu odeesse Fathul baarii laali 11/340

## Sadaffaan : Seenaa Anbiyootaa xiinxalluu, baratanii itti hidhachuu.

Ragaan kanarratti jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَكُلّٗا نَّقُصُّ عَلَيۡكَ مِنۡ أَنۢبَآءِ ٱلرُّسُلِ مَا نُثَبِّتُ بِهِۦ فُؤَادَكَۚ وَجَآءَكَ فِي هَٰذِهِ ٱلۡحَقُّ وَمَوۡعِظَةٞ وَذِكۡرَىٰ لِلۡمُؤۡمِنِينَ١٢٠﴾ [هود: 120]

Hundaa seenaa Ergamtootaarraa waan onnee kee siif cimsinuun siif odeessina. Tana keessatti haqaatu sitti dhufe gorsaafii yaadachiisa mu'mintootaati.

huud/120

Aayatoonni tunniin yeroo Ergamaa Rabbii S.A.W san taphaafii baacoof hin buufamne

kayyoo guddaa tokkoofi malee, suni onnee Nabiitii fi onnee Mu'mintootaa jajjabeessuu dha.

Obboleessoo osoo jecha Rabbii xiinxallitee;

﴿قَالُواْ حَرِّقُوهُ وَٱنصُرُوٓاْ ءَالِهَتَكُمۡ إِن كُنتُمۡ فَٰعِلِينَ٦٨ قُلۡنَا يَٰنَارُ كُونِي بَرۡدٗا وَسَلَٰمًا عَلَىٰٓ إِبۡرَٰهِيمَ ٦٩ وَأَرَادُواْ بِهِۦ كَيۡدٗا فَجَعَلۡنَٰهُمُ ٱلۡأَخۡسَرِينَ٧٠﴾ [الأنبياء: 68-70]

Isa (Ibraahiimiin) gubaa taabotoowwan keessaniif tumsaa yoo ka hojjattan taatan waliin jedhan.

Yaa ibidda Ibraahiimrratti qabbanaa fi nagaya tahi jenneen.

Shira isarratti raawwachuu barbaadanii hoongoftoota isaan taasisne.

Al-Anbiyaa' /68-70

Ibnu abbaas akkana jedhe:

﴿وَلَوۡ قَٰتَلَكُمُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لَوَلَّوُاْ ٱلۡأَدۡبَٰرَ ثُمَّ لَا يَجِدُونَ وَلِيّٗا وَلَا نَصِيرٗا٢٢﴾ [الفتح: 22]

Jechi Ibraahiim kan boodarratti yeroo ibiddatti darbamu - Gayaan koo Allaahuma waa tolee irkannoon-jedhuu dha.

Al-fathi 8/22

Seenaa tana yeeroo xiinxallite akkataa itti ciminni qalbirratti jabaatu hin hubattuu? fuuldura roorroo abbaa irreetiifii qixaaxa isaatti.

Osoo seenaa Muusaa keessatti jecha Rabbii hubattee:

﴿فَلَمَّا تَرَٰٓءَا ٱلۡجَمۡعَانِ قَالَ أَصۡحَٰبُ مُوسَىٰٓ إِنَّا لَمُدۡرَكُونَ ٦١ قَالَ كَلَّآۖ إِنَّ مَعِيَ رَبِّي سَيَهۡدِينِ ٦٢﴾ [الشعراء: 61-62]

Yeroo tuutti lameen walgarte gareen Muusaa nuti dhaqqabamne jedhan.

Lakki Rabbii kiyyaatu na wajji jiraa na qajeelcha jedhe.

Ashu'araa'i /61-62

Yeroo seenaa kana xiinxallite akkamitti akka sabaatni mirkanaawu yeroo addawwiin nama ariitu, yeroo rakkoo jabduu kan abdi-murattoonni iyyan hiikkaan gadi dhaabbachuu sitti mul'ataa?

Seenaan falfaltoota fir'oownaatis osoo xiinxallitee ergaa guddaa nama hubachiisa, garee qajeeltee haqa hubattee irratti cichite.

Sila hin gartuu kunoo hiikkaa guddoo hiikkaa gadi dhaabatiinsaa fi ciminaa kan qalbii nama tasgabbeessuu yeroo zaalimtoonni namatti dhaaddatan, akkana jechuudhaan:

﴿قَالَ ءَامَنتُمۡ لَهُۥ قَبۡلَ أَنۡ ءَاذَنَ لَكُمۡۖ إِنَّهُۥ لَكَبِيرُكُمُ ٱلَّذِي عَلَّمَكُمُ ٱلسِّحۡرَۖ فَلَأُقَطِّعَنَّ أَيۡدِيَكُمۡ وَأَرۡجُلَكُم مِّنۡ خِلَٰفٖ وَلَأُصَلِّبَنَّكُمۡ فِي جُذُوعِ ٱلنَّخۡلِ وَلَتَعۡلَمُنَّ أَيُّنَآ أَشَدُّ عَذَابٗا وَأَبۡقَىٰ ٧١﴾ [طه: 71]

(Fir’awn) ni jedhe: “Odoo ani isiniif hin hayyamin isatti amantuu? Dhugumatti, inni guddaa keessan kan falfala isin barsiiseedha Dhugumatti, harkaa fi miila keessan wal dhabsiiseen kukkuta Ammas jirma muka timiraa irrattin isin fannisa Isinis (yoos) eenyu keenya (anamoo Gooftaa Muusaatu) adabbiin isaa irra cimaa fi turaa akka ta’e beekuuf jirtu.”

Xaahaa/71

Garee xiqqoo mu'minaa tan murannoo malee uf-duuba hin deebine akkana jedhan:

﴿قَالُواْ لَن نُّؤۡثِرَكَ عَلَىٰ مَا جَآءَنَا مِنَ ٱلۡبَيِّنَٰتِ وَٱلَّذِي فَطَرَنَاۖ فَٱقۡضِ مَآ أَنتَ قَاضٍۖ إِنَّمَا تَقۡضِي هَٰذِهِ ٱلۡحَيَوٰةَ ٱلدُّنۡيَآ ٧٢﴾ [طه: 72]

Ni jedhan: “Waan nutti dhufe kan ragaawwan ifa bahan irraa ta’ee fi Isa nu uume irra si hin filannu Kanaafuu waan murteessitu murteessi! Wanti ati murteessitus jiruma addunyaa kana qofa.

Xaahaa/72

Akkuma san seenaan mu'minticha suuraa Yaasiin keessaa, kan mu'umina fira fir'oownaatis, warri hanaqaatis,kanneen birootis kan tasgabbiifii ciminni irraa hubatamuu dha.

## Afraffaa : Du'aa'ii (Kadhaa Rabbii)

Mallattoo mu'mintoota gabroottan Rabbiitirraa gara Rabbiiti kadhaan fuula deebi'an akka diinirratti isaan gadi jajjabeessuuf:

**Rabbii keenya eega nu qajeelchitee qalbii teenya hin jallisin.**

**Yaa Rabbii keenya obsa nurratti dhangalaasi, faana teenya ciminaan gadi nuuf dhaabi.**

waan taateef jecha

**Onneewwan ilmaan Aadam hundi isii qubbeen Rahmaanirraa quba lama jiddutti jirti akka qalbii takkaatti gara fedhe gara gaggalcha.**

Imaamu Ahmadii fii Muslimtu odeesse ibnu umar irraa nabitti olfuudhee

Muslim shaarhii Nawaawiitiin wajji laali 17/204

Nabiin S.A.W akkana jechuu heddummeessaa ture:

**Yaa ka onneewwan gara gaggalchuhoo onnee tiyya diin keetirratti gadi naaf cimsi.**

Tirmiziitu Anasirraa ol geessee odeesse tuhfatul ahwazii 6/349 sahiiha Jaami'i keessas ni jira 7864.

## Shanaffaa : Zikrii (Faaruu Rabbii)

Inni irra guddaa waan gadi nama dhaabuuti.

Jecha Rabbii guddaa keessatti mee walitti qindoominna wantoota kana lameen jidduu laali:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِذَا لَقِيتُمۡ فِئَةً فَٱثۡبُتُواْ وَٱذۡكُرُواْ ٱللَّهَ كَثِيرًا لَّعَلَّكُمۡ تُفۡلِحُونَ ٤٥﴾ [الأنفال: 45]

Isin yaa warreen amantan yeroo garee diinaa qunnamtan gadi cimaa heddumeessaa Rabbi faarsaa akka milkooftaniif jecha.

Al-Anfaal /45

zikrii kana irraa guddaa waan duula keessatti gadinama cimsuuti godhe.

mee xiinxallii laali akkamitti Faarisii fi Ruum akkamitti qaamni isaanii isaan gante yeroo isaan haalaan itti haajaman keessatti.

wanni hammattuu lameen jidduu waan jechoota ibnul-qayyim kitaaba isaa addaa'u waddawaa'u irraa fuudhame.

Namoonni heddumeessanii Rabbi faarsan lakkoofsaan xiqqoo tahuun wajjiinuu.

Mee Nabi Yuusuf maaliin gargaarsifate balaa jaartii bareedduu filatamtu yeroo isiin ufitti isa yaamte?

Jogola Rabbii magan jedhamu keessa hin seennee, dambaliin waraanni fedhii jaarmaya jogola saniirratti hin caccabnee?

Akkanatti Zikriin Mu'mintoota cimsuu keessatti gayee guddaa qabdi.

## Jahaffaa : Muslimtichi daandii sirraawaa qabachurratti bololuu barbaachisa.

Daandiin sirraawaan namni hundi irra hiriiruu qabu karaa ahlussunnaa fi waljamaa'aati, karaa garee injifattuu garee nagaya baatuu taatee,warra aqiidaa qulqulluu, warra qajeelfama nagayaa, kan sunnaafii ragaa hordofuu, aduwwii Rabbiitirra adda baatuu fii warra dharaa faallessuudhaati.

Karaa qajeelaa qabachuun kuni nama cimsurratti gayee guddaa qabaachuu isaa hubatuu yoo feete mee xiinxallii lubbuu tee gaafadhu, maaliif warri duraa fi boodallee jallatan, maaliif faanti isaanii haqarratti gadi dhaabbachuu dadhabdee dhama'an, isarrattis du'uu dadhaban?

Yookan eega harki guddaan umrii isaaniirraa dhume itti gayan, eega umrii isaanii qaalii qisaasan booda?

Tokkoo isaanii ka buufataalee jallinaa fii dogoggoraa keessa garaggaggalu garta. falsafaarraa gara ilmii kalaamaa gara

tahriifaafii ta'wiilaa gara tafwiidaafii irjaa'aa karaa suufiyyaa taanirraa taanitti kan jijjiiramaa oluu garta.

Kunoo akkuma kanatti warri bid'aa dhama'anii garagaggalan, mee atuu laali akka itti warri kalaamaa yeroo du'u sabaata dhabu, salafni akki jedhan:

**Namni yeroo du'aa shakkii heddummaatu warra kalaamaati jedhan.**

Mee ammoo xiinxallii laali namni tokko karaa ahlussunnaa fi Jama'aa eega baree hubatee karaa isaa seene tokkollee kajibbee irraa garagale ni jiraa?(hin jiru).

fedhii lubbuu, seetee miiraa fii itti wal-fakkaatteen irraa deebi'uun ni mala, garuu karaa isarra gaariitin argadhaaf irraa hin deebiu, jibbaafillee irraa hin deebiu.

Ragaan kanaa gaafiiwwan Hiraqla Abbaa Suufiyaan waayee hordoftoota Nabiyyii S.A.W irraa gaafate?

Hiraqla Abbaa Suufiyaaniin jedhe:

**Tokkoon Isaanii eega amantii isaa seenee ka jibbee irraa garagalu jiraa?**

Abbaan Suufiyaan lakki hin jiru jedheen.

Ergasii Hiraqla ni je'e:

**Kuunnoo Imaanni akkasi yeroo ifaan isaa qalbitti makame.**

Bukhaariitu odeesse1/32

Namoota gurguddoo bebbeekamoo hedduu dhageenyee jirra kan buufataale bid'aa keessa garagaggalaa turan. Garii isaanii Rabbi isaan qajeelchee karaa dharaa dhiisanii jibbanii gama adeemsa ahlusunnaa fi wal-jama'aa galan, garuu faallaa kanaa takkaa dhageenyee jirraa?

Yoo sabaata gadi-dhaabbachuu barbaadde karaa mu'mintootaa qabadhu.

## Torbaffaa : Leenjii

Leenjiin iimaanaa tan beekkumsaa tan dammaqqii tan sadarkaan deemtu waan sabaatarratti cimsuu keessaa isa tokko.

Leenjii iimaanaa: tan soodaa fii kajeellaa Rabbiitiin onnee jiraachistu, tan goggogina qalbii kan Qur'aanaa fii Hadiisarraa fagaachuun qalbiin nama goggoydurraa nama tiiysitu, jettejettee namaa olii-gadi oofurraayis nama baraartu.

Leenjii beekkomsaan taate: tan daliila ragaalee sirraawaarratti hundoofte, tan jala deemuurraa nagaya taate.

Leenjii dammaqiinsaa: tan karaa warra roorriftootaa hin beeyne, tan karoora aduwwii Islaamaa hubattu, tan haala qabatama yeroo beeytu, tan waan argamee deemaa jiru hubattu, tan gandummaa fii naannummaa xiqqoo ufitti hin cufne.

Leenjii sadarkaan deemtu: tan sadarkaa sadarkaan muslimtichaan deemtu, karoora karoorfattee muslimticha

karaa guddinaa olkorsiiftu, tan hin jarjarre, tan hin mucucaanne, tan of-duuba deebitee gadi hin kufne.

qoodni kuni diin irratti nama sabachiisuu keessatti akkaan barbaachisaa tahuu isaa hubachuuf mee seenaa Nabiyyiitti S.A.W deebinee haa laalluu, eegasi lubbuu teenya haa gaafannuu.

Maali inni burqaan cimina sahaabaa Nabiyyichaa S.A.W yeroo makkatti gidiramaa diinaa guddarratti obsan san?

Bilaal, Khabbaab, Mus'ab, maatin Yaasirii fii kanneen biroo hacuucamtoota, akkasuma hangafoota gurguddoo sahaabaatis yeroo uggura irra kaayan maaltu isaan cimse?

Ciminni cimaan isaanii kuni leenjii Nabiitiin malee argamuun isaa ni malaa?

mee fakkenyaaf namtichi sahaabaa kan akka khabbaab ibinul arattii R.A kan giiftiin isaa siibiila ibidda keessatti diimessitee eegasii duyda isaa qullaa irra keessee itti qabdee hanga moorri isaa baqee qabbaneesutti gubdi turte, mee maaltu kana hundarratti akka oobsu isa godhe?

Bilaalis dhagaa siidaa cirachaa gubarratti irra kaayamee, Sumayyaan sakaallaan hidhamtee (kana hundarratti maaltu isaan obsisiise?)

gaafii biroo adeemsa yeroo Madiinaa irraa burqisiisuun ni dandayama, lola Huneyniirratti yeroo hedduun muslimtootaa dheessan eenyutu Nabiyyicha S.A.W biratti hafe?

Sila isaan suni muslimtoota haarayaa, warra yeroo injifannoo Makkaa Islaamawe, kan leenjii Nabii gayaa hin argatin, kan hedduun isaanii boojuu barbaachaaf bahan faa?

lakki irra hedduun warra sabatee nabiyyicha S.A.W biratti hafee warra yeroo dheertuu Nabiin S.A.W wajji turee leenjii iimaanaa gayaa argatee dha.

Osoo leenjiin iimaanaa hin jiraatinii jarri suni achitti ni sabatuu turanii?

## Sadeettaffaa : Kayyoo Islaamaatti Amanuu

Muslimtichi hanguma karaa qabatee irraa deemu tokkotti amane, irratti cimiinsi isaatis jajjabaa taha. kuni tooftaalee qaba: san keessaa:

karaan ati qabattee irra jirtu kan Islaamaa kuni haarawa har'a yeroo kee kana keessatti bahee miti jechuu beekuu qabda.

Inni karaa turaa duriiti si dura Anbiyoonni dhugaoomsitoonni, hayyoonni, wareegamtoonni, gaggaaronni irra dabranii jiran. Kana yogguu beeyte keessummummaan tee sirraa fuudhamti, kophummaan tee sirraa deemti. Mukaawuun kee boohartitti jijjiiramti, yaaddoofii gaddi keetis gammachuu fii tasgabbitti geeddaramti, jarreen himaman kuni hundi obboleewwan kee kan karaa Islaamaa tokkicha wajji qabattan tahuu isaanii waan beeyteef jecha.

Filatamaa tahuun namatti dhagayamuu.

Allaahaan ol-tahee qulqullaayee ni jedhe.

﴿قُلِ ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ وَسَلَٰمٌ عَلَىٰ عِبَادِهِ ٱلَّذِينَ ٱصۡطَفَىٰٓۗ ءَآللَّهُ خَيۡرٌ أَمَّا يُشۡرِكُونَ ٥٩﴾

[النمل: 59]

Galanni Rabbiif haa galu nageenyi gabroottan isaa kanneen inni filaterratti haa bu'u.

Annamli /59

Ni jedhe:

﴿ثُمَّ أَوۡرَثۡنَا ٱلۡكِتَٰبَ ٱلَّذِينَ ٱصۡطَفَيۡنَا مِنۡ عِبَادِنَاۖ فَمِنۡهُمۡ ظَالِمٞ لِّنَفۡسِهِۦ وَمِنۡهُم مُّقۡتَصِدٞ وَمِنۡهُمۡ سَابِقُۢ بِٱلۡخَيۡرَٰتِ بِإِذۡنِ ٱللَّهِۚ ذَٰلِكَ هُوَ ٱلۡفَضۡلُ ٱلۡكَبِيرُ ٣٢﴾ [فاطر: 32]

eegasii gabroottan keenyarraa warreen filanne kitaaba dhaalchisne.

faaxir/32

Ni jedhe:

﴿وَكَذَٰلِكَ يَجۡتَبِيكَ رَبُّكَ وَيُعَلِّمُكَ مِن تَأۡوِيلِ ٱلۡأَحَادِيثِ وَيُتِمُّ نِعۡمَتَهُۥ عَلَيۡكَ وَعَلَىٰٓ ءَالِ يَعۡقُوبَ كَمَآ أَتَمَّهَا عَلَىٰٓ أَبَوَيۡكَ مِن قَبۡلُ إِبۡرَٰهِيمَ وَإِسۡحَٰقَۚ إِنَّ رَبَّكَ عَلِيمٌ حَكِيمٞ ٦﴾ [يوسف: 6]

akkanatti Rabbiin kee si filata hiikkaa haasawootaatis si barsiisa.

Yuusuf/6

Rabbiin akkuma Anbiyoota filate, gabroottan isaa gaggaariinis falatamuu kanarraa qooda qaban,suni ilmii Anbiyootaa tadhaalani.

Mee maaltu sitti dhagayama osoo Rabbiin qaama goggogaa lubbuun qabne godhee si uumee? yookaa beeylada, yookaa kaafira jallataa, yookaa dabballee bid'aa, yookaa jallataa, yookaa muslima diin isaatti da'waa hin goone, yookaa dabballee garaa dogoggora hedduu qabutti yaamu- osoo godhee Rabbiin si uumee silaa maaltu sitti dhagayama?

sila hin gartuu Rabbiin si filatee daa'ii gorsaa karaa ahlussunnati fi wal-jamaa'ah si godhe, kuni waan kaayyoo keetirratti si jajjabeesurraayi.

## Saglaffaa : Yaamicha karaa Rabbii keessatti godhuu.

lubbuun yoo hin sossohin ni ukkaamamti, yoon hin deemin ni hagoogamti.

irra caalaan waan lubbuun irraa bobbaatuu; diin Rabbiitti nama yaamuudha, isiin gahee hojii Anbiyootaati, lubbuu namaatii azaabarraa qulqulleessiti, isii keessatti ogummaafii dandeeytiin bu'aa buusti.

**kanaaf jecha diinitti nama yaami,akkuma ajajamtetti qajeeli.**

Ebalu bakkuma takka taa'a fuulduras hin guddatu uf duubas hin deebi'u- wanni jedhu sirrii miti, lubbuun yoo ati ibaadatti isii hin bobbaasin baditti si bobbaafti.

Iimaanni ni dabala ni hir'atasi.

karaa sirrii kanatti yeroo ufii gumaachanii da'waa godhuun,yaadas hirmaachisanii,humna qaamaatis kennanii,arrabaanis dubbatanii da'waa guutuu taate tan yeroo hunda akkaan itti yaadan godhuun sheyxaana nama san jallisuu deemutti karaa cufti, isa jallisuufii miidhus hin dandayu.

dabalataan hamileen kutannoodhaan qabsaawee gufuu da'waa hundarraan yeroo dabru nama da'waa godhu iimaanni isaa ni cima,

Da'waan karaa Rabbii keessatti godhamtu galata guddaa qabaachuun wajji waan diin Rabbii irratti gadi nama dhaaburraayi, waan akka uf duuba hin deebine nama gargaarurraayi.

kaan weyraru ittisutti hin haajamu.

Rabbiin warra da'waa godhan wajji jira, isaan raggaasisa, tarkaanfii isaanii isaaniif sirreessa. Namni da'waa godhu akka haakimaa dhukkubaan loluuti beekkomsaafii ogummaa isaatiin, akkuma ummatarraa fageessuuf dhukkubaan lolu ufiifis haalaan irraa fagaata.

## Kurnaffaa : Tuuta cimsituu jala hiriiruu.

Tuutti sabachiistuun suni tan nabiin keenya S.A.W haala isiirraa nuuf ibsee akkana jedhe:

**Namarraa namootaatu jira bantuu kheyrii cuftuu sharrii kan tahe.**

Sadarkaan hadiisaa mishaa Anasirraa ibnu maajah odeesse nabitti S.A.W ol fuudhee, 237, ibnu abii aasimis odeesse kitaaba sunnaa keessatti.1/127 silsilaa sahiihaa laali 1332

Ulamaa'a namoota gaggaarii, du'aata muimintootaa barbaadachuuniifii, isaan jala hiriiruun waan diinirratti gadi jajjabaachurratti haalaan nama gargaaru.

Seenaa Islaamaa keessatti mokkoraan heedduun uumamtee dhiirotaan Rabbiin muslimtoota sabachiisen hedduu dha.

kana keessa kan Aliyyi ibnul madiiniin (Rabbiin rahmata isaaf haa godhuu) hime.

**Guyyaa riddaa (fincilaa) Siddiiqiin Rabbiin islaama jabeesse, imaamu Ahmadiin Islaama jabeesse guyyaa mihnaa (mokkoroo).**

mee waan ibnul qayyim jedhe waayee sabachiisuu keessatti shoora sheeka isaa shekh ibnu teymiyaa gadii laali.

**Nuti yogguu sodaan nutti jabaattee, yaanni nu jeeqamee, lafti nutti dhiphatte isatti dhayna. wayta isa agarree haasawa isaa dhaggeeffanne sun hundi nurraa dhabama taya, qalbiin**

**teenya banamteeti jabaattee, tasgabbooyti. Rabbiin qulqullaaye kan osoo isa bira hin gayin jannata isaa gabroottan isaa garsiise. kan osoo ganda hojii jiran hulaa jannataa isaaniif bane,kan hafuurri urgaan isii isaanitti dhufee isii barbaachaafii isitti dorgomuudhaaf humna isaanii hunda itti fixan isaan godhe.**

Al waabilu Ssayyib 97.

Kunoo asiitti mul'atti obbolummaan Islaamummaa bu'ura madda sabaataa tahuun isii. Obboleeyyan kee gaggaariin, fakkeenyonni, leenjiftoonni, isaantu siin tin'oodha karaa kana keessatti, roga jabaa keeti kan ati itti deebitee aayataafii hikmaa isaan bira jiruun si sabachiisan.

Isaan jabeessii qabadhu, kooluu isaanii jalatti jiraadhu, abadan kophaa hin tahin sheyxaanaatu ukkaamsee si butaa, yeyyiin re'ee kophaa baate nyaattii.

## Kudha Tokkoffaa: Tumsa Rabbii abdachuu, fuuldurri kan Islaamaatii beekuu.

Yeroo tumsi booda aanee nurraa ture sabaatatti haalaan haajamna, akka faanti eega gadi dhaabbachuu isiitii hin mucucaanne.

Rabbiin oltahe akkana jedhe.

﴿وَكَأَيِّن مِّن نَّبِيّٖ قَٰتَلَ مَعَهُۥ رِبِّيُّونَ كَثِيرٞ فَمَا وَهَنُواْ لِمَآ أَصَابَهُمۡ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ وَمَا
ضَعُفُواْ وَمَا ٱسۡتَكَانُواْۗ وَٱللَّهُ يُحِبُّ ٱلصَّٰبِرِينَ ١٤٦ وَمَا كَانَ قَوۡلَهُمۡ إِلَّآ أَن قَالُواْ رَبَّنَا ٱغۡفِرۡ
لَنَا ذُنُوبَنَا وَإِسۡرَافَنَا فِيٓ أَمۡرِنَا وَثَبِّتۡ أَقۡدَامَنَا وَٱنصُرۡنَا عَلَى ٱلۡقَوۡمِ ٱلۡكَٰفِرِينَ ١٤٧ فَـَٔاتَىٰهُمُ
ٱللَّهُ ثَوَابَ ٱلدُّنۡيَا وَحُسۡنَ ثَوَابِ ٱلۡأٓخِرَةِۗ وَٱللَّهُ يُحِبُّ ٱلۡمُحۡسِنِينَ ١٤٨﴾ [آل عمران: 146-
148]

Nabiyyoota irraa kan beektonni heddu isaa wajjiin lolan baay'eedha. Waan karaa Rabbii keessatti isaan mudateefis hin laafne; hin dadhabnes; (diinaafis) hin jilbiiffanne. Rabbiin obsitoota ni jaallata.

Jechi isaaniis “Gooftaa keenya! badii keenyaa fi dhimmoota keenya keessatti daangaa dabriinsa keenya nuuf araarami; faana keenyas gadi nuu dhaabi; ummata kaafirootaa irrattis nu tumsi” jechuu malee kan biraa hin taane.

Rabbiin mindaa addunyaatiifi gaarii mindaa Aakhiraa isaaniif kenne. Rabbiinis toltuu hojjattoota ni jaalata.

Aala imraan 146-148

Nabiin yeroo sahaabaa isaa kan azzabaman sabachiisuu fedhe fuuldura injifannoon kan Islaamaa tahuu isaanii hime yeroo reebamanii azzabaman, mee maal isaaniin jedhe?

Hadiisa khabaabitti dhufe haala nabitti olfuudhamaa taheen:

**Diin kana Rabbiin guutuuf jiraata hanga kara deemaan tokko yaabbatee san'aa irraa hanga hadramowtiitti deemutti ka Rabbiin malee hoomaa hin sodaanne yoo yayyii re'ee isaarraa sodaate malee.**

Bukhaariitu odeesse fathulbaarii laali 7/165

ijoollee guddachaa jiran hadiisoowwan fuuldurri kan Islaamaatii abdachiisan daggeeysisuun barbaachisaadha, akka sabaatarratti guddataniif.

## Kudha Lammaffaa: Maalummaa dharaa qajeellotti hubatanii ittiin dagamuu dhabuu.

Jecha Rabbii ol tahee keessatti:

﴿لَا يَغُرَّنَّكَ تَقَلُّبُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ فِي ٱلۡبِلَٰدِ١٩٦﴾ [آل عمران: 196]

Biyya keessa asii fi achi gara gaggaliinsi kaafirootaa si hin dagin.

Aali imraan/196

Mu'mina dammaysuu fi jajjabeessuutu keessa jira.

Jecha Rabbii ol tahee keessatti:

﴿...فَأَمَّا ٱلزَّبَدُ فَيَذۡهَبُ جُفَآءٗۖ...﴾ [الرعد: 17]

Ammoo hoomachi daddafeeti dhabama.

Arra'id/17

Hubachiisa warra qalbii qabaniif dharararraa sodaachuu dhabuu fi jalatti kufuu dhaburratti.

Karaa Qur'aanaa irraa ammoo dhara ifa baasee saaxiluu fi tooftaa, akkaataa akkasuma kaayyoo isaanii saaxiluu dha.

﴿وَكَذَٰلِكَ نُفَصِّلُ ٱلۡأٓيَٰتِ وَلِتَسۡتَبِينَ سَبِيلُ ٱلۡمُجۡرِمِينَ ٥٥﴾ [الأنعام: 55]

Kunoo akkanatti aayatoowwaan ibsina karaan dilooytotaa akka saaxilamtuuf jecha.

Ali an'aam /55

Akka muslimtoonni tasatti hin qabaamne, eessaan Islaamummatti duulamee akka beekaniif.

meeqaa meeqa garree dhageenye dhaabbiilee diigamte, du'aata miilli isaanii mucucaatte kan sabaata dhaban karaa isaan hin eeginiin itti duulamee sababaa aduwwii isaanii wallaallaniif jecha.

## Kudha Sadaffaa: Haala amala gaarii sabaatarratti nama gargaartu qabaachuu.

Hangafni isii obsa, hadiisa sahiiheynii keessatti akki jedhame:

**Tokkoon namaayyuu kennaa guddaa fi bal'aa akka sabrii hin kennamne.**

Bukhaariin kitaaba zakaa keessatti odeesse-boqonnaa kadharraa uf qabuu jalatti, Muslimis kitaaba zakaa boqannaa uf qabuufii obsaa jalatti odeesse.

Obsi jajjabaan gufuu duraa irratti, namni yoo waan ufirraa hin eeginiin dhawame ni gufata uf-duuba deebi'a sabaata dhaba yoo obsa qabaate malee.

mee waan Ibnuljowziin rahimahullaah jedhe kana xiinxalli:

**Jaarsa guddaa umrii waggaa saddeetamatti dhihaate tokkon arge, immiim kuni nama salaata Jama'aa irratti cimaa, Intala isaatirraa ilmi due, yeroo kana akki jedhe namni tokkolleenuu Rabbi kadhachuun hin barbaachisu, inni namaa hin awwaatu waan taheef. Eegasii ittuma fufee akki jedhe Rabbiin nutti morkata waan taheef ilmoo takkallee nuuf hin dhiisu jedhe.**

kitaaba assabaatu indal mamaat kan ibnul jowzii fuula 34.

Rabbiin jecha jaarsa kanaarraa qulqullaayee ol-tahe ol-tahiinsa guddaa.

Yogguma muslimtoonni lola uhuditti osoo hin eegin /waan Rabbiin injifannoo isaan abdachiisee jiruuf/ dhawaman, dhiigaafii wareegamni akka barbaachisu Rabbiin isaan barsiise:

﴿أَوَلَمَّآ أَصَٰبَتۡكُم مُّصِيبَةٞ قَدۡ أَصَبۡتُم مِّثۡلَيۡهَا قُلۡتُمۡ أَنَّىٰ هَٰذَاۖ قُلۡ هُوَ مِنۡ عِندِ أَنفُسِكُمۡۗ إِنَّ ٱللَّهَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٞ ١٦٥﴾ [آل عمران: 165]

Yogguma madaan isin tuuyxe /kan isinis dachaa isii madeessitanii jirtan/ akkamitti kuni nu tuqa jettanii? jedhiin kuni lubbuulee teessan biraayi jedhiin.

Aali imraan/165

maali inni wanni lubbuu isaaniirraa argame?

**niluuynomtan, ajaja keessatti wal mormitan, eega waan jaalattan isin garsiisee dilooytan, isinirraa kan duniyaa fedhuutu jira.**

## Kudha Afraffaa: Dhaamsa nama gaarii

Muslimni yeroo balaan itti buute isa qulqulleessuf jecha Rabbiin isa mokkore waan yoggus isa sabachiisurraa Rabbiin nama gaarii isaaf kaasuudha, ka isa gorsee isa jajjabeessu, jechoota isaatiin rabbiin isa fayyadee adeemsa isaa isaaf sirreessa.

jechoonni suni tan Rabbi isa yaadachiiftu, tan dhaqiinsa fuula Rabbii isa yaadachiiftu, jannataafii azaaba Rabbiitis tan isa yaadachiiftu taati.

kunoo obboleessoo fakkeenya kana seenaa imaamu ahmad keessaa hoodhu, kan moggorraa seenee warqii qulqulluu tahee isirraa bahe.

sibiilaan/sansalataan hidhameeti gara ma'muun oofame, osoo inni itti hin dhufne duratti dhaaddannoo hamaa itti dhaaddatee ture,hanga kaadimni imaamu ahmad isaan jedhetti:

**anii na sodaachisa yaa abbaa Abdulaahi mootichi ma'muun seyfii takkaa hin baafatin baafatee yoo ati jecha Qur'aanni**

**uumama jedhu kana fudhachuu didde seyfii saniin si ajjeesuuf firummaa nabiyyiin qabuun kakachaa jira.**

Albidaayah wannihaayah 1/332

yeroo tana hayyoonni namaa carraa kanatti fayyadamuun Imaama isaaniitiif jechoota nama jajjabeessu gumaachaniif.

siiraa zahabii keessatti11/238 abii jaifar al'anbaarii irraa odeeffamee akkana jedhe:

**Yeroma imaamu ahmad gara ma'muun oofamuu dhagaye furaat cehee itti dhaqe, isaa taa'uu bira gayee irratti salaammadhe, abuu jaifar maal jetta naan jedhe, anis yaa kabajamoo isin arra duree namaati ummanni isin jala deema, kakadhee yoo Qur'aannii umama jechaa kana ati qeebalte ummanni hedduun ni fudhata, yoo ati diddee ummannis akkasummatti dida. akkasuma ati yoo namtichi si hin ajjeesinis numa duuta yoo guyyaan gaye du'arraa hafiinsi hin jiru. eegaa Rabbi sodaadhuu tole hin jedhin. jedheen, Imaamu Ahmad ni booye, maashaa Allaahu abbaa ja'far mee irra naaf deebi'i jedhe, irran deebi'eef inni maashaa Allaahu jedha...**

Imaamu ahmad seenaa gara ma'muunitti oofamuu isaa keessatti akkana jedhe

**deemnee deemnee halkan keessa bakka rahbaa jedhan geenye, namtichi tokko nutti as baheeti akkana jedhe, isin keessaa Ahmad binu Hanbal kami? jedhe, kunoo kana jedhaniin, gurbaa gaala masakuun gadi dhaabbadhumee**

**jedheen, yaa namticha kana yoo achiti duutee jannata seente maltu sirraa hir'ata? eegasi Rabbi sibira haa jiraatu nagayatti jedheeti deeme. eenyu inni jedheetiin gaafadhe, nama arabarraa tahe tokko gosti isaa Rabii'aadha, badiyatti suufa hojjata, jaabir binu aamir jedhaniin, nama gariin beekame.**

kitaaba siiratu a'ilaaminnubalaa'i irraa11/241

Albidaayah wannihaayaa keessatti baadiyichi tokko Imaamu Ahmadiin akkana jedhe:

**yaa namtichoonnana ati keessumaa kabajamaadha ummataaf faan addoo isaanirratti hin tahin,ati har'a mataa ummataati,waan jallinaa tan dirqiin itti siyaaman san hin awwaatin, ati awwaannaan ummannis ni awwataa, dilii isanii guyyaa qiyaamaa siitu baataa beeki, ammoo yoo Rabbiin jaalatte haqa irra jirtu kanarratti obsi , siifii jannata jidduu ajjeefamuma kee qofaatu jira.**

Imaamu Ahmad akki jedhe:

**jechi isaa kuni haalaan na jjajjabeesse waan qabadhee jirurratti, dhara isaan itti na yaaman san didurratti.**

Albidaayah wannihaayah 1/332

oduu biraatti ammas Imaamu Ahmad akkana jedhe:

**jeecha haalaan na jjajjabeessite tan akka namticha baadiyicha sanii hin garre,kan bakka rahbatu xxowqi jedhamtutti na dubbise,isiin ganda riqqaafii bagdaad jiddutti**

**afaan laga furaatirratti argamtuu dha, akkana naan jedhe: yaa Ahmad yoo haqqaaf ajjeefamte shahiida (wareegama) taateeti duuta, yoo jiraattes kabajamaa taateeti jiraatta,.yoggus onneen tiyya jajjabaattee gootomte.**

kitaaba siiratu a'ilaaminnubalaa'i irraa11/241

Imaamu Ahmad waayee dargaggoo Muhammad binu Nuuh kan isaan wajji ture kan haqarratti obse irraa yogguu dubbatu akkana jedhe:

**Nama akka Muhammad binu nuuh haqarratti cime hin agarre, umriin isaa joollee tahuu fii barnoonni isaa xiqqaa tahuun wajji, haalaan jajjaba ture, nama kheyrirratti xumurameef tahuun isaaf kajeela, guyyaa tokko akkana naan jedhe: Abbaa Abdullaahi Rabittii Rabbittii ati akka kiyyaa miti, ati hayyuu ummanni jala deemuu, waan ati taatu eeguuf si daaw'achaa jiran, Rabbi sodaadhuu haqa irra jirtu kanarratti cimi gadi dhaabbadhu. eegasi ni du'ee irratti salaateetiin qabre.**

siyaru a'ilaaminnubalaa'i 11/242

hanga warra hidhaa kan Imaamu Ahmad isaan salaachisaa ture isaa harki isaa hidhamaadhaa isa jajjabeessuu turan.

yeroo tokko hidhaa keessatti Imaamu Ahmad akkana jedhe:

**manni kiyyaafii kan hidhaa wal fakkaata waan taheef hidharraa sodaa hin qabu ture, seyfiin ajjeefamus hin sodaadhu, garuu garafamuu sodhaadha jennaan warri**

**hidhamaa keessaa gariin dhagayee akki jedheen abbaa Abdulaah homaa mitii hin sodaatin halangaan yogguma lama dhawamtaa eegasii kan hafe bakka inni bu'u hin gartuu, naan jedhe.**

siyaru a'ilaaminnubalaai 11/240

Obboleessa kabajamaa dhaamsa nama gaggaarirraa fudhachurratti bololi, yeroo siif dhaamanis qajeellotti qalbitti qabadhu.

Osoo imala hin deemneen duratti dhaamsa nama gaarirraa barbaadi, yoo rakkootu achitti si mudataa sodaatte.

dhaamsa namoota gaggaarii yeroo mokkoramte barbaadi, yookaa mokkoramuu hin oolu jechuu yaadde.

daamsa nama gaarii barbaadii yeroo angoorratti muudamte, yookaa qabeenyaafii durummaa yeroo dhaalte.

lubbuu tee jajjabeessi, nama biraallee jajjabeessi Rabbiin gargaaraa mu'mintootaati.

## Kudha Shanaffaa: Qananii Jannataa fii ibidda azaaba xiinxalluu, du'a yaadachuu.

Jannani ganda gammachuuti, iddoo bashannanaati, qubannoota mu'mintootaati, lubbuun namaa tuni waan bu'aa guddaa irraa argatturratti malee obsuu fii uf wareeguu tole hin jettu, kana taanaan jajjabni hundi ni laafaaf, gufuun kararra jiru hundi ni salphata.

namni galata guddaa argadhaa beeku rakkoon karaa sanirraa hundi ni laafaaf, namni karaa diin Rabbiirra deemu jannata akka samiifii dachii bal'attu abdii qabaata. yoo diinirratti obsuu dhabe jannata tanaan dhabas ni beeka. akkasuma lubbuun namaa waan dhoqummaa biyyee lafaarraa gara aalama kabajamaa gara olii isii ol fuudhu barbaaddi.

Nabiin s.a.w. Jannataan booharseeti sahaabaa isaa sabachiisa ture.

hadiisa sadarkaan isaa sahiihaafii hasan tahe keessatti nabiin s.a.w.- Yaasir, Ammaar, fii haadha Ammaar isaanii diin Rabbiitiif azzabamuu- irra dhufee akkana jedheen:

**Obsaa yaa maatii Yaasir, obsaa yaa maatii Yaasir, beellamni keessan Jannataa.**

haakimtu odeesse3/383

inni hadiisa sadarkaa hasanillee sahiihallee, sanada isaa kitaaba fiqhu-ssiiraa keessatti laali. kan albaadiin gulaale 103.

Ergamaan Rabbii nagayaaf rahmanni Rabbii Isarratti haa bu'uu ummata ansaaraatiin/sahaabota warra Madiinaatiin akkana jedhaa ture:

**Isin ana booda ufittummaa qunnamuuf jiraattan obsaa hanga hawdirratti natti dhuftanitti.**

Bukhaariif Muslimtu itti waliif gale.

akkasuma namni haala garee lameenii qabrii keessatti, kaafama qiyaamaatti, qorrannaa qiyaamaatti, miizaanrratti, siraaxarratti, sadarkaalee aakhiraa kan biraattis.

akkasuma du'a yaadachuun muslima garagalurraa dhoowwiti, osoo hin cabsine daangaa Rabbiitti akka dhaabbatu gooti,

Muslimtichi duutii funyaalessaa kophee isaarra isatti dhihoo jirtii yoo beeke, yeroo xiqqoo booda dhuufuun isii ni malaa yoo yaade, akkamitti lubbuun isaa jallina isatti bareechuu dandeessi, yookaan jallina keessa turuu akkamitti tole jedha.

kanaaf nabiin Nagayaa Rahmanni isarratti haa tahuu ni jedhe:

**mi'a murtuu yaadachuu heddummeessaa.**

Tirmiziyyiitu odeesse2/50 irwaa'ul galiil keessatti sahiiha godhe 3/145

# Bakka sabaanni itti barbaachisu.

Isiin hedduudha bal'isanii ibsutti haajamti, asitti akkuma walii galaatti garii isii ibsina:

## Jalqabarratti: Yeroo mokkoraa sabaata qabachuu.

sababiin gara gaggaliinsa qalbii namaa mokkoramuu dha, yeroo mokkoraan rakkoof bal'ina keessatti itti dhufe warra hubannoo kan qalbiin isaanii Iimaanaan guutamte malee kuun obsuu hin dandayu.

Gosoota mokkoraa irraa.

### Mokkoraa qabeenyaa:

﴿۞ وَمِنْهُم مَّنْ عَٰهَدَ ٱللَّهَ لَئِنْ ءَاتَىٰنَا مِن فَضْلِهِۦ لَنَصَّدَّقَنَّ وَلَنَكُونَنَّ مِنَ ٱلصَّٰلِحِينَ ۝٧٥ فَلَمَّآ ءَاتَىٰهُم مِّن فَضْلِهِۦ بَخِلُوا۟ بِهِۦ وَتَوَلَّوا۟ وَّهُم مُّعْرِضُونَ۝٧٦﴾ [التوبة: 76-75]

Isaanirra nama Rabbiif waadaa seeneetu jira. yoo arjummaa isaarraa qabeenya nuuf keenne ni sadaqanna, ummata gaggaarirraayis ni taana.

Yogguma Rabbiin arjummaa isaarraa isaaniif kenne isa san donyooman, didanii garagalan.

Attowbaa /75,76

### Mokkoraa guddina sadarkaa.

﴿وَٱصۡبِرۡ نَفۡسَكَ مَعَ ٱلَّذِينَ يَدۡعُونَ رَبَّهُم بِٱلۡغَدَوٰةِ وَٱلۡعَشِيِّ يُرِيدُونَ وَجۡهَهُۥۖ وَلَا تَعۡدُ عَيۡنَاكَ عَنۡهُمۡ تُرِيدُ زِينَةَ ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَاۖ وَلَا تُطِعۡ مَنۡ أَغۡفَلۡنَا قَلۡبَهُۥ عَن ذِكۡرِنَا وَٱتَّبَعَ هَوَىٰهُ وَكَانَ أَمۡرُهُۥ فُرُطٗا ٢٨﴾ [الكهف: 28]

Lubbuu keetis isaan Fuula Isaa fedhanii Gooftaa isaanii ganamaa fi galgala waammatanii wajjiin hidhi. Miidhagina jireenya addunyaa feetee ija kee lamaan isaan irraa hin qaarsin. Nama onnee isaa yaadannoo keenya irraa cufne, kan fedha lubbuu isaa hordofuufi dhimmi isaa daangaa darbaa ta’eef hin ajajamin.

Alkahfi /28

Hammeenya fitnaa lameen dabartee tanarraa yoo dubbatu nabiin s.a.w. akkana jedhe:

**hanga yayyiin lama ta beeloyte yoo re'ee bobbaa keessa seente balleessitu caalaa namtichi qabeenyaa fii sadarkatti bololuun diin isaa balleessiti.**

Imaamu Ahmad musnad keessatti odeesse.3/460 inni sahiiha jaami'i keessattis tahe.5496.

Hiikkaan bollolli namtichaa darajaa fii qabeenyarratti diin isaa balleessuu keessatti irra hamaadha, yayyii lama beeloytuu bobbaa ree'ee seenterra.

## Mokkoraa jaartii (niitii).

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِنَّ مِنۡ أَزۡوَٰجِكُمۡ وَأَوۡلَٰدِكُمۡ عَدُوّٗا لَّكُمۡ فَٱحۡذَرُوهُمۡۚ وَإِن تَعۡفُواْ وَتَصۡفَحُواْ وَتَغۡفِرُواْ فَإِنَّ ٱللَّهَ غَفُورٞ رَّحِيمٌ ١٤﴾ [التغابن: 14]

Jaarttiiwwan teessanii fii ilmaan keessanirraa diina keessantu jiraa isaan eeggadhaa.

Attagaabun/14

## Mokkoraa ilmaanii.

**ilmoon luuynomsituu, doynoomsituu, yaaddeysituu.**

Abuu ya'laatuu odeesse 2/305 ragaalees niqaba sahiiha jaami'i keessas nijira.7037

## Mokkoraa unkureeffamuu, roorrifamuu,hacuucamuu:

jecha Rabbii ol-tahee kan waayee kanaa akka gaaritti ibsu kunoo kana:

﴿قُتِلَ أَصۡحَٰبُ ٱلۡأُخۡدُودِ ٤ ٱلنَّارِ ذَاتِ ٱلۡوَقُودِ ٥ إِذۡ هُمۡ عَلَيۡهَا قُعُودٞ ٦ وَهُمۡ عَلَىٰ مَا يَفۡعَلُونَ بِٱلۡمُؤۡمِنِينَ شُهُودٞ ٧ وَمَا نَقَمُواْ مِنۡهُمۡ إِلَّآ أَن يُؤۡمِنُواْ بِٱللَّهِ ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡحَمِيدِ ٨ ٱلَّذِي لَهُۥ مُلۡكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۚ وَٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ شَهِيدٌ ٩﴾ [البروج: 4-9]

warri khandaqaa/boollaa abaaraman,

(Warri) ibidda boba’aa.

Yeroo isaan ishee irra taa'an,

Isaan waan mu'imintootatti hojjatan irratti hirmaattota.

Rabbii injifataa, faarfamaatti amanuu malee homaa isaan irraa haaloo hin ba’anne.

(Rabbiin) Isa mootummaan samiifi dachii Isaaf ta'eedhaRabbiin waan hunda irratti ragaadha.

Alburuuj 4-9

Bukhaariin khabbaab Rabbi isarraa haa jaalatuu isarraa odeessee jira, akkana jedhe:

Rasuula Rabbiitti S.A.W himannee jirra, isaa gaaddisa ka'baa jalatti isaa qunbularratti ciqilfatee jiruun,

Akkana jedhe nagayaafii Rahmanni isarratti haa jiraatuu:

**Ummata asiin duraa keessatti namtichi ni qabama boolliti isaaf qotamteeti dhaabbataan mudhii gadiin awwaalama, magaaza fidanii matarraa gadi dhoosan hanga bakka lamatti adda baqaqutti, shukkaa sibiilaatiin foon isaa irraa filama hanga lafeetti, kuni diin isaarraa isa hin deebisu.**

Bukhaariitu odeesse Fathul baarii laali 12/315

## Mokkoraa Dajjaal:

Isiin tuni irra guddoo rakkoo duniyaati.

**Yaa ilmaan namaa eega Rabbiin Aadam uumerraa kaasee rakkoon akka rakkoo Dajjaal hamtuudhaa argamtee hin jirtu,yaa gabroottan Rabbii yaa ilmaan namaa gadi**

**dhaabbadhaa diin keessanirratti, ani qajeellottin adda baasee isinii wassaffa akka nabiyyiin tokkolleenu hin wassafiniitti.**

ibnu maajahtu odeesse,2/1359 sahiihal jaami'i 7752.

Sadarkaalee cimina qalbii fii jallina isii ilaalchisee yeroo mokkoraan itti dhufte. nabiin s.a.w. akkana jedhan:

**Mokkoraan qalbirra ni fidamti akka seelanatti quba qubaan, qalbiin jallina san gadi dhuuyde onnee isaatirratti qabxii gurraattiitu qabxaawa, qalbiin jallina san didde ammoo qabxiin adiin onnee isaarratti qabxaawa, hanga qalbiin gosa lama taatutti,adii qulqullaawaa, hanga samiifii dachiin jirtuu abadillee mokkoraan isa hin miitu, kuun ammoo gurraacha dukkanaawaa akka rog-sadee konbolfamaa/gadigaragalaa toltuu hin beeku/itti hin deemu, badaa irraayis hin dhoowwu, waan lubbuun isaa obaafamte malee**

Amaamu Ahmadtu odeesse5/386, muslim1/128 lafziin kan isaati.

seelana fidama jechuun hiikkaan isaa fitnaan isarratti faanessiti jechuu akka seelanni cinaacharratti seelanni faanessutti.

murbadan jechuu adii cimaa kan gurrachi keessatti makame jechuudha, mujkhayyan jechuun gadi gara galaa konbolfamaa jechuudha.

## Lamaffaa: Yeroo duulaa sabaata qabaachuu.

﴿يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِذَا لَقِيتُمۡ فِئَةٗ فَٱثۡبُتُواْ وَٱذۡكُرُواْ ٱللَّهَ كَثِيرٗا لَّعَلَّكُمۡ تُفۡلِحُونَ ٤٥﴾ [الأنفال: 45]

Yaa warra amantan yeroo tuuta kaafiraa qunnamtan sabaata qabadhaa.

Al-anfaal /45

Guyyaa lolaa dheessuun diin keenya keessatti dilii guddoodha, nabiyyiin s.a.w. guyyaa lola kandaqaa biyyee qotamte duuyda isaarratti baatee mu'mintootaan wajji jecha kana irra deddeebi'ee jechuu ture:

**Yeroo addawwii qunnamne hirpha keenya gadi nuuf dhaabi.**

Bukhaariitu odeesse kitaaba gazawaataa, baabu gazwatul khandaq fathi laali 7/399

## Sadaffaan: Kaayyorratti cimuu

﴿مِّنَ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ رِجَالٞ صَدَقُواْ مَا عَٰهَدُواْ ٱللَّهَ عَلَيۡهِۖ فَمِنۡهُم مَّن قَضَىٰ نَحۡبَهُۥ وَمِنۡهُم مَّن يَنتَظِرُۖ وَمَا بَدَّلُواْ تَبۡدِيلٗا ٢٣﴾ [الأحزاب: 23]

Mu'uminoota irraa namoota waan irratti waadaa Rabbiif galan dhugoomsantu jiru; isaan irraas nama dirqama isaa

raawwatetu jira; isaan irraas nama eeggataa jirutu jira jijjiirraa kamillee hin jijjiirre

Al-ahzaab/23

kaayyoon isaanii kan Islaamaa lubbuu isaanii irra qaaliidha, cimina laafiinsa hin beeyne.

## Afraffaa: Yeroo du'an sabaata qabachuu.

warreen kufriitiifii balleessitootni yeroo rakkoo jajjabduu kan haalaan itti haajaman sabaata dhoowwaman, yeroo du'an shahaadaa lameen jechuu hin dandayan.

kuni kaatimaan/boodden nama badutti qajeelcha, namticha tokkoon yeroo inni du'u jedhaniin:

Laa ilaaha illa llaaha jedhi, jennaanniin mataa isaa mirgaa bitaa sossoosee isii jechuu dide.

kan biraa yeroo du'a isaa akkana jedhe:

tuni meeshaa bareedduudha, tuni gatiin bittaa isii rakisha,

kan sadeessaa tokko maqaa qumaara qorkii (saddeeqaa) odeessa.

kan afreessaa jechootaafii yadaloo sirbaatiin gunguma, yookaa jaalallee isaati lakkaawa.

waan akkanaa kanaatuu duniyatti zikrii Rabbiirraa isaan shaagalee ture waan taheefi.

ummata akkasii saniiraa mallattoon rifachiisaan akka fuulli gurraachomuu, hafuurri ajaawuu, qiblarraa gargaluu kkf yeroo ruuhiin isaanii baatu irraa mul'ata. malaaf dandeettiinis Rabbiin malee hin jirtu.

Garuu warri qajeellootiifii sunnaa Rabbiin isaan sabachiisa yeroo du'a isaanii, shahaada lameen ni jedhan.

Ammas ummata kanarraa wanni akka fuulli ifuu, hafuurri urgaawuu, mallattoon gammachuu yeroo lubbuun isaanii baatu irraa mul'ata.

kuni fakkii tokkoo warreen Rabbiin gaarii isaan waffaqeeti yeroo du'aa sabaata argate, inni abuu zur'ah arraazii jedhama, imaamman hadiisaa keessaa tokko, kunoo oduun isaa akka itti aanu kana.

Abuu Ja'ifar Muhammad ilma alii warraaq abbaa zur'ah akkana jedhe:

Abuu zur'ah itti dhaqne isaa lubbuun bahutti jirtuu, ganda maashahraan jedhamtutti-isiin ganda gandoota gammoojjiirraa taate takka- yeroo san isa bira Abuu haatim, ibnu waarah, munzir binu shaazaaniifii kanneen birootis bira jiran.

hadiisa talqiinaa dubbatan.

**du'aa keessan laa ilaaha illallah-qabsiisaa.**

Abuu zur'ah qabsiisuu saalfataniiti, mee koottaa hadiisa kana wal-yaadachiisnaa waliin jedhan.

Ibnu waarah akkana jedhe:

abuu aasim nuuf odeesse, abdul hamiid bin jaifar saalihirraa nuuf oddeesse, ibnu abii-kana bira hin dabarre-

Abuu Haatim ni jedhe:

Bundaar nuu odeesse abuu aasim nuuf odeesse, abdul hamiid bin jaifar saalihirraa nuuf oddeesse,-achi bira hin dabarsine, achi bira hin dabarsine, warri hafan ni cal'isan,

Abuu zur'aan kan lubbuun isaa bahaa jirtu ija isaa banatee akkana jedhe.

Bundaar nuu odeesse abuu aasim nuuf odeesse, abdul hamiid bin jaifar saalih ibnu abii gariib irraa, kasiir ibnu murraa irraa, mu'aaz binu jabal irraa, nuuf oddeesse akkana jedha:

Ergamaan Rabbii nagayaa Rahmanni isarratti haa tahuu ni jedhe.

**Namni jechi isaa ka boodaa -Laa ilaaha illallaahu-tahe jannata seenee.**

achirratti Ruuhiin isaa baate Rabbii rahmata isaaf haagodhu.

siyaru ailaaminnubalaai 85-13/76.

warreen akkanaa kana Rabbiin waayee isaanii dubbatee akkana jedhe:

﴿إِنَّ ٱلَّذِينَ قَالُواْ رَبُّنَا ٱللَّهُ ثُمَّ ٱسۡتَقَٰمُواْ تَتَنَزَّلُ عَلَيۡهِمُ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ أَلَّا تَخَافُواْ وَلَا تَحۡزَنُواْ وَأَبۡشِرُواْ بِٱلۡجَنَّةِ ٱلَّتِي كُنتُمۡ تُوعَدُونَ ٣٠﴾ [فصلت: 30]

Isaanoowwan Rabbiin keenya Allaahu jedhanii eegasii diinirratti gadi dhaabbatan malaaykaan isaanirratti buufamti.- hin sodaatinaa, hin gaddinaa, jannata beellamamtan saniin gammadaa.

Fussilat /30

Yaa Rabbi jararraa nu taasisi.

Yaa Rabbi waayee keenya keessatti cimina qaceellorratti jajjabina sikadhanna.

Booddeen kadhaa keenyaa Alhamdu lillahi Rabbil aalamiin.

# Index

Karaalee Tasgabbii (gadi-dhaabbatiinsaa) ........ 5
Tokkoffaa: Qur'aanatti fuula deebiuu: ........ 6
Lamaffaa: Seera Rabbii qabachuu fi Hojii gaarii hojjachuu ........ 10
Sadaffaan : Seenaa Anbiyootaa xiinxalluu, baratanii itti hidhachuu. ........ 12
Afraffaa : Du'aa'ii (Kadhaa Rabbii) ........ 16
Shanaffaa : Zikrii (Faaruu Rabbii) ........ 17
Jahaffaa : Muslimtichi daandii sirraawaa qabachurratti bololuu barbaachisa. ........ 18
Torbaffaa : Leenjii ........ 20
Sadeettaffaa : Kayyoo Islaamaatti Amanuu ........ 22
Saglaffaa : Yaamicha karaa Rabbii keessatti godhuu. ........ 24
Kurnaffaa : Tuuta cimsituu jala hiriiruu. ........ 26
Kudha Tokkoffaa: Tumsa Rabbii abdachuu, fuuldurri kan Islaamaatii beekuu. ........ 27
Kudha Lammaffaa: Maalummaa dharaa qajeellotti hubatanii ittiin dagamuu dhabuu. ........ 29
Kudha Sadaffaa: Haala amala gaarii sabaatarratti nama gargaartu qabaachuu. ........ 30
Kudha Afraffaa: Dhaamsa nama gaarii ........ 32
Kudha Shanaffaa: Qananii Jannataa fii ibidda azaaba xiinxalluu, du'a yaadachuu. ........ 36
Bakka sabaanni itti barbaachisu. ........ 39
Jalqabarratti: Yeroo mokkoraa sabaata qabachuu. ........ 39
Lamaffaa: Yeroo duulaa sabaata qabaachuu. ........ 44
Sadaffaan: Kaayyorratti cimuu ........ 44
Afraffaa: Yeroo du'an sabaata qabachuu. ........ 45